

BE A FORCE FOR GOOD



AMMA
FO'AA JIRRA

QONDAALUMMAA POLISII

Qondaalli polisiin dalagaa adda addaa fi duudhamsiisoo tahan raawwatan. Polisiin lubbuu fi qabeenya tiksa, yakkamtoota ittisa, qaba, kanneen gargaarsa barbaadan gargaara.

Erga fo'amtee leenjii xumuratteen booda dalagaa Victoria Police keessatti akka qondaala eegala Yaalii-dalagaa (Probationary Constable) taatee hojjetta. Hanga wagga 2 leenjii kee waliin muuxannoo horattee dalagaa keetti akka Qondaala Hujii Polisiin Waliigalaa (General Duties Police Officer) taahuun kee siif mirkanaawutti dalaguu itti fufta.

Qondaalli Hujii Waliigalaa bakka yakki raawwatame jedhamee gabaasametti yokan bakka ummtani barbaadanitti argamuudhaan hawaasa Victoriaf sa'aa 24, guyyaa 7 tajaajila kennuu dha.

Irra-guddeessi miseensotiin Victoria Police Qondaala Hujii Polisiin Waliigalaa (General Duties Police Officer) tahanii dalagu garuu hujii beekumsa addaa gaafatu argachuuf leenjii dabalaa fi yoo xiqqaate wagga 2-4 hujii walii galaa hojjechuudhaan muuxannoo argachuu barbaachisa.

Qondaalli Hujii Polisii Waliigalaa maal hojjeta?

Tarreensii hujii kanaa gadii kun warreen ati akka Qondaala Hujii Polisii Waliigalaatti tarii gaggeessuu qabduu dha.

- Amaloota badaa farra gamtoomaa (anti - social behaviour) tiksuu
- Nageenya hawaasaa eeguu
- Wal dhabbi furuu
- Balaa tahu dhaqqabuu
- Yakka qoratuu
- Seera tiraafikaa eegsisuu
- Namoota daawaa suur-hadoochoo fudhatan fi farshaawan to'atuu
- Balaa yaadchisaa fi haala sardamaa hordofuu

Yeroo dalgaa itti yaamamte hordoftu gabaasaa waraqaa, kan wanneen tattahan itti guutte yeroo faraqaa hujii keetti waan raawwate gabaasuu si barbaachisa. Himata dhadachaaf waraqaa qopheessuu fi iyyata tahu irrattis argamtee raga kennuun yeroo itti si barbaachisu ni jira.

Qondaala Polisii tahuuf ani gahaa dhaa?

Qondaala Polisii taatee Victoria Policef hojjachuuf wanneen seenuuf si barbaachisan armaan gadii kana guutuu qabda:

Lammii Australia tahuu kee yookaan Dhaabbataatti Jiraataa Australia tahuu kee

Amala gaarii fi kabaja-qabeessa tahuu kee agarsiisuu

Victoria Police yeroo leenjiif fudhatu duubbee kadhimatootaa bal'inaan amala isaanii qorata. Qjeelfama qorannoo duubbee seenaaf Victoria Police gaggeessu beekuuf odeeffannoo caaluuf laali: <http://www.policecareer.vic.gov.au/police/forms-police>

Qabsiisa: Duubbeen seenaa kee kaadhimamuu iyyatnaa hujii kanaa na duraa miidha jedhtee yoo yaadde unka eenyummaa kee fedhiidhaan ibsitu Damee Fo'iinsa Victoria Police ergi. Unka kana bakki irraa argattu: <http://www.policecareer.vic.gov.au/police/forms-police>

Eegumsaa Fayyaa hanga ati guutuu qabdu

Dalagaa kee sirnaan bahuuf ulaagaa eegumsa fayyaa imaammata Victoria Police keessatti ibsame guutuu si barbaachisa. Odeeffannoo irra guddaa eegumsa fayyaa Victoria Police sraraa kana laali: <http://www.policecareer.vic.gov.au/police/forms-police>

Qabsiisa: Kan yoo haalli fayyummaa kee si yaadchisee, iyyannaa kee irratti dhiibbaa kan qabaatu tahe unka Victoria Police haalli fayyummaa kee adda ittiin sii baasamu Gartuu Gorsitoota Fayyaatiin (Medical Advisory Unit) akka dursee siif ilaalamu godchuu dandeessa. Unka kana argatuuf: <http://www.policecareer.vic.gov.au/police/forms-police>

Dandeettii gahaa afaan English qabatuu

Dandeettiin bu'uraa ati akka iyyataa dalagaa kanaaf qabaatuu si barbaachisu afaan English akka gaariitti dubbachuu kee ti. Kana jechuun, dubbisuu, barreessuu, dhagahuu fi dubbachuu, kan dalagaa kana raawwachuuf si dandeessisu qabaachuu dha.

Qabsiisa: Dalagaa kanaaf kanneen iyyatan afaan gosa lama dubbachuuf dandeettii itti qaban kan afaan hawaasa dhaloota isaanii dubbatan Victoria Police addatti fedhii irraa qaba.

Kan yoo umriin kee wagga 21 gadi tahee ragaa sadarkaa barmoota kee dhugoomsu dhiheessi

Dalagaa polisiitiif iyyachuuf iyyatootni waggaa 18 thuu qaban. Yoo umriin kee wagga 21 gadi tahee, dalagaa kana seenuuf iyyachuuf Ragaa Barmoota Victoria (Victorian Certificate of Education (VCE) yokan Victoriatti Barumsa Ogummaa Sadarkaa Ollii (Senior Level Victorian Certificate of Applied Learning (VCAL)) yokan isaan kan wal-qixu dhiheessuu qabda.

Hayyama Konkolaachisaa Victoria qabaatuu

Yeroo dalagaa kanaaf iyyattu hayyama konkolaachisaa Australia (harkaan jijjiiramu (manual)) yokan ofiin of jijjiiru (automatic) ni fudhatama, qabaatuu qabda.

Qondaala Polisii tahuuf osoo hin iyyatin odeeffannoon ani dursees hubatuu qabu kan biroon maali?

- Fedhii Hawaasa Victoria guutuuf jecha bakka barbaadamtetti argamtee dalagaa faraqaa guyyaatti sa'aa 24, torbanitti guyyaa 7, Victoria Police hojjetta.
- Victoria keessatti bakka itti ramadamtetti akka Victoria Police murteessetti dalaguu tarii si barbaachisa.
- Haalli namoota wal lolanii/haadhanii, yakkamtoota fi kanneen daawaa surri-hadoochoo fudhatan fi farshaawan si mudatuu malu.
- Ilaalcha dhuunfaa kee, kan amantii fi siyaasaa of irraa dhiistee seera mootummichaan dalaguu si irraa eegama.
- Meeshaa lolaa baachuusi barbaachisa.
- Amalli kee ogguu dalagaa irra jirtuu fi hin jirre kan sadarkaa olitti si irraa eegamuu fi kan Victoria Police ulfina kennisiisu tahuu qaba.
- Osoo leenjii (Academy) kee hin eegalin dursitee Leenjii f (Academy) kan gahaa si taasisu dabalees dalagaa waggaa jalqabaaf kan si gargaaru si gargaaru Waraqaa Ragaa Gargaarsa-duraa (First Aid Certificate) qabaatuu si brbaachisa.

Tartiibni dalagaa Qondaalummaa Poolisif iyyatnaa naqachuu maali?

Akka dalagaaf iyyataatti Victoria Police keessatti dalagaa irratti osoo hin bobba'in dura tartiiba kanaa gadii keessa dabruu si gaafata:

Gulantaa 1	Iyyatnaa kee sararaa www.policecareer.vic.gov.au/police Jedhuun ergita
Gulantaa 2	Gamaaggama gahaa tahuu
Gulantaa 3	Qormaata ittiin seensaa
Gulantaa 4	Qorannoo duubbee
Gulantaa 5	Qormaata jabina qaamaa
Gulantaa 6	Qormaata qor-qalbii
Gulantaa 7	Qormaata Fayyuummaa
Gulantaa 8	Qormaata duubbee walii gala
Gulantaa 9	Gaaffii fi deebii tuutaan (gurmuudhaan)

Miindaa fi bu'aan Qondaalummaa Polisii maali?

- Guyyaa eegalaa leenjii Mana Leenjiitti (Academy) eegalte irraa qabee miindaa gahaa kan bu'uraa argatta
- Miindaa kee bu'uraa irraa ka'ee mindaan kee waggaatti siif dabalama, akka faraqaa hujii keettis maallaqa dabalaa ni argatta
- Kaffaltii soora-bahiinsaa (Superannuation) arjummaa qabu argatta
- Waggaatti boqonnaa torban 9 qabda
- Boqonnaa human ittisaa, boqonnaa yeroo da'umsaa (mucaan dhalattu), boqonnaa barmootaa, boqonnaa tajaajila yeroo dheeraa ni qabaatta
- Boqonnaa tajaajila yeroo dheeraa
- Uffannaa Hujii tolaa
- Ogguu dalagaa kana irra jirtutti barmoota oguummaa kee guddisu walitti fufiinsaan argaata.

Akka Qondaala Polisiitti leenjii akkamiitu naaf kennama?

Leenjiin kee eegalaa waggoota 2 duraanii fi dalagaatti bobba'uun kee torban 12 Victoria Police waliinii kan inni dabaluu:

Torban 1 – 12	<p>Torban jalqabaa kee Mana Leenjii kun kan ati haala jiruun wal bartu, akka dhaabaatti akkaataa itti Victoria Police kanneen cichoo tahan itti fo'atu itti hubattuu dha.</p> <p>Leenjii Mana barumsaa kun kan inni irraa eegaluu barmoota seeraa, dandeettii akkaataa dubbannaa afaanii, meeshaalee hiikuu fi hidhuu (leenjii meeshaa lolaa fi hirmaatnaa hawaasaa kan dabaluu dha).</p> <p>Dhuma torbee 12tti, yeroo itti leenjii barmoota Diplomaa Polisummaa POL50115 eegaltu kakuu ni seenta.</p>
Torban 13 – 31	<p>Leenjii Mana barumsaa itti fuftee dhaabbata polisiitti dirqama kee bahuutti dabalee, leenjii ummata sirna qabsiisuu fi gartuu bobbaa ittisa okkora maatii keessaa waliin bobba'uuf ni leenjisaama.</p> <p>Dalagaan itti bobbaatus yeroo dheerina keessa akkuma beekumsa, ogummaa fi muuxannoo argataa deemteen babal'ataa deema.</p>
Torban 32 – 52	<p>Leenjii Mana barmootaa keeerga xumurteen booda bifa shaakalaatiin (placement) buufata polisittii ramadamtee Daree To'atniinsa Daandii irraa kan farshawanii oofuu, (RPDAS) (fi daandee irratti afuufsisuu - booze bus), itti ramadamta.</p>
Torban 53 – 116	<p>Leenjii konkolaachisummaa kee xumurattee hayyama konkolaachisuu bif-adii (silver) argatta.</p> <p>Bakki itti ramadamtu siif dhugoomsamee, buufata itti leenjisaamtutti ramadamuudhaan akka qondaala dirqama waliigalaa polisii taatee hujii si irraa eegamu guutuuf bobbaasama.</p>

Yeroo kanneen hundaa booda dhuma irratti kan yoo Sadarkaa Beekumsa Nageenya Ummataa Sirneessuu Diploma of Public Safety (Policing), mara xumurte gahee hujii polisii keessatti hojjetaa Sadarkaa Duraa Police Constable taatee Diploma kee fudhatta.

Leenjiin eegalaa kun kan jalqabaa ti. Akka miseensa Victoria Police hanga dalagaa kana irra jirtutti leenjii walitti fufiinsaan hordofta.

Odeeffannoo dabalaa fedhtaa?

Laali: www.policecareer.vic.gov.au/police

yokan gaaffii kee gara e-mail ergi: rsbmarketing@police.vic.gov.au

Yokan (03) 9247 3212 irratti bilbili

